# Yaa Ilmaan namaa, Rabbiin gaarii dha, waan gaarii malee namarraa hin qeebalu, Rabbiin waan ergamtoota itti ajajetti mu'umintootas ajaje

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Rabbiin gaariidha gaarii males hin qeebalu, Rabbiin waan ergamtoota itti ajajetti mu'umintootas ajajee jira, Rabbiin ol ta'e akkas jedhe: {Yaa ergamtootaa! Wantoota gaggaarii irraa nyaadhaa hojiiwwan gaggariis hojjadhaa} ammas Rabbiin ol ta'e akkas jedhe: {Yaa worra amantan! Gaggaarii waan nuti isiniif kennine irraa nyaadhaa} eegasii namicha imala dheeressu, kan mataan isaa fajaajaa, kan quttaa'e, kan harka isaa gara samiitti diriirsuun: Yaa Rabii, Yaa Rabbi jedhu, kan nyaanni isaa haraamaa, dhugaatiin isaas haraamaa, uffannaan isaas haraamaa, kan haraamaan guddate dubbachuun, akkamumatti kadhannaan isaaf owwaatama?». jedhani.
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Rabbiin gaarii, qulqulluu, hanqinaa fi mudaa irraa bilisa akka ta'e, akkasumas amaloota guutuu ta'an hundaan ibsamaa akka ta'ee fi Hojiilee, jechoota fi amantaa irraa waan gaarii ta'e malee akka hin qeeballe himan, wanta gaarii jechuun isa Rabbiif qulqullii ta'e, kan karaa Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irratti ta'eedha, sanaan malee gara Rabbitti dhihaachuun hin malu, irra guddaa wantoota hojiin mu'uminaa isaanin tolu keessaa nyaanni isaa gaarii dalagaa halaal irraa dhufe ta'uudha, Haala kanaan hojiin isaa qulqulluu ta'a, kanaaf eegaa Rabbiin waan ergamtoota itti ajajetti mu'umintoota ajaje, sunis halaal nyaachuu fi wantoota gaggaarii hojjachuudha, Rabbiin akkas jedhe: {Yaa Ergamtoota waan gaggaarii irraa nyaadhaa dalagaa gaaris dalagaa, dhugumatti ani waan isin hojjettan hunda beekaadha} ammas ni jedhe: {Yaa warra amantan Wantoota gaggaarii nuti isiniif kennine irraa nyaadhaa}. Eegasii nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, haraama hojii balleessu nyaachuu fi sababoota qeebaltii kan mul'atan keessaa osoo hanga fedhe carraaqellee waan qeebaltii isa dhoorgu irraa akeekkachiisan, sana keessaa: Tokkoffaa: Karoowwan kheyrii kan akka Hajjii, Jihaadaa, firummaa fufuu fi kan biroo keessatti imala dheeresuudha. Lammaffaa: Rifeensi isaa waan hin filamneef baay'ee faaggaadha, Halluun isaa fi halluun uffata isaa xurii irraa waan jijjiirameef inni dhiphina keessa jira. Sadaffaa: Kadhaadhaan harka isaa gara samiitti ol kaasa. Afraffaa: Maqoota Rabbiitin gara isatti dhihaachuun sana keessatti hoonga gayuun akkana jedha: Yaa Rabbi yaa Rabbi! Sababoota du'aa'in itti qeebalamu kanneen hojjachuu waliin isaaf hin dhaga'amne; kunis nyaanni, dhugaatii fi uffanni isaa waan haraama ta'eef jecha, akkasumas haraaman waan guddateef jecha, kanaaf nama amala akkanaa qabuuf du'aa'in qeebalamuun ni

fagaata, mee akkamitti isaaf awwaatama?!

https://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/66518